## LAKKOOBSA BILBILAA FAAYIDAA QABAN

Yoo odeeffannoo waa'ee xiinxala fayyaa baqattootaa barbaadde kutaa tajaajila fayyaa isa sitti dhiyootti jiru waami. Lakkobsi bilbilaa kutaalee eegumsa fayyaa bulchiinsa baqattootni hedduun jiraatanii kunoo:

| | |
|---|---|
| Anoka | 763-422-7030 |
| Carver | 952-361-1329 |
| Clay | 218-299-5220 |
| Dakota | 952-891-7500 |
| Hennepin | 612-348-7006 |
| Nobles-Rock | 507-295-5272 |
| Olmsted | 507-328-7500 |
| Otter Tail | 218-998-8320 |
| St. Paul-Ramsey | 651-266-1251 |
| Stearns | 320-203-6942 |
| Washington | 651-430-6655 |

Kutaan bulchiinsa keetii armaan oli'tti yoo hin tarreeffamne ykn odeeffannoo kanarra caalu yoo barbaadde kutaa of-kennuu kee waami ykn hojjetaa dhimmaa ykn kutaa fayyaa Minisootaa Sagantaa Fayyaa Baqattootaa lakkoobsa bilbilaa 651-205-5414 irratti waami.


Waraqaan kun kan qopphaa'e kutaa fayyaa Minisootaatti sagantaa fayyaa baqattootaatiini. Kan inn irratti hundaa'es katabbi kutaa fayyaa Masaachuseetirraa argamerratti dha.

March 2010 IC #141-1196 (Oromo)

**Minnesota Department of Health**
Refugee Health Program
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975

# Geggeessaa Xiinxala fayyaa Baqataa

*Minisootaa baga nagaan dhufte*



**Kutaa Eegumsa Fayyaa Minisootaatti Sagantaa Fayyaa Baqattootaa**

## XIINXALLI FAYYAA BAQATTOOTAA MAAL INNI?

Xiinxalli fayyaa baqattootaa tajaajila kunuunsa fayyaa ati Ameerikaa keessatti argattu keessaa isa jalqabaati. Fayyummaan qaama keetii xiinxalamee, hojiirraa ykn mana barumsaa dhaquurraa kan si dhorku rakkina fayyaa yoo qabaatte kan si dhorku rakkina fayyaa yoo qabaatte kan inni itti baramu dha. Sagantaan xiinxala fayyaa baqattootaa kun adeemsa deebisanii qubachhuu keetiifi haala jireenya haarawaa Ameerikaa keessatti jalqabuu keetiif kutaa fayidaa qabu dha.

Baqattootni hundi, namootni assayilama argatan, namootni, mana hidhaattii gadhiifaman, namootni Kuubaadhaa, Haitiidhaa dhufan hundi xiinxala fayyaa baqqattootaa Minisootaa keessaa darbuu qabu.

Xiinxalli fayyaa keetii tajaajila fayyaa keetiif yeroo lama mana yaalaatti si deddeebisa:

- Xiixala fayyaa ati biyya kanaan alatti qabdu ilaaluu
- Seenaa fayyaa keetii ilaaluu
- Xiinxala qaamaa
- Qorannoo dhibee
- Kittibaatii (Lilmoo) ati barbaaddu baruu

Minisootaa lixxee guyyaa 90 keessatti xiixala fayyaa kana fudhachuu qabda. Nama afaan kee haasa'u fudhattee xiixalatti dhiyaachuu ni dandeessa.

## XIIXALA FAYYAA ANI BIYYA ALAATTI GODHADDHERRAA MAALIIN ADDAAN BA'AA?

Xiixalli fayyaa biyya alaatti siif godhame haala biyya kana si liccisuu si dhowwu waan akka dhukkuba sonbaa, qaamaa ykn sammuuitti qabate jeeqama jirufi haraaraa ashiishii ilaaluurratti hundeeffame.

## MEEQA NAMA BAASISA?

Xiinxala fayyaatiif ati kaffaluu hin qabdu gatiin isaa haala armaan gadiitti jiran lamaaniin haguugama. 1) Yoo ati kaardii meedikaalaa qabaatte MA ni kaffala 2) yoo ati MA hin qabaatnefi ati baqataa nama guyyaa 90 gadiitti Ameerikaa keessa taa'e yoo taate manni yaala kee kutaa tajaajila fayyaa Minisootaa Sagantaa fayyaa baqattootaa kaffalchiisuu ni mala.

## MAAL FIDEEN DHUFUU QABA?

Yammuu xiinxala fayyaatiif dhuftu jarreen armaan gadiitti tarreefffaman yoo qabaatte fidiiti kottu:

- Shaanxa IOM (International Organization for Migration) rikoordii yaalaa keetiifi eksiree sonbaa keetii wajjin
- Rikoordii kittibaatii lilmoo ykn keetii
- Rikoordii yalaa biroo
- Dawaa fudhachaa jirtu hundaa

## EESSAN DHAQAA?

Gargaarsa xiinxala fayyaa baqattootaa kan kutaa fayyaa naannoo kee jiru ykn mana yaalaa sitti dhiyaatu dhaxxee gargaaramuu ni dandeessa.

## KUTAAN UUMMATAA NAANNOO KEETII ISA KAMII?

Bulchiinsa Minisootaa keessatti kutaa tajaajilli fayyaa naannoo hedduutu jira. Inni sitti dhiyoo jiru xiinxala fayyaa keetii siif qindeessuu ni danda'a. Kutaaleen kun tajaajillan biroo si fayyaduu danda'u biroos qabu. Kaan isaanii waan akka tajaajila lilmoo waraanuu, dhukkuba qorachuufi dawaa kennuu qabu.

## KUNUUNSA JALQABAA DHIYEESSAAN MAANNI?

Kunuunsa jalqabaa dhiyeessaan mana yaala ykn nama yammuu ati dhukkubsatu si hordofee gaargarsa yaalaa siif kennu ykn yoo ati lilmoo barbaadde kan siif kennu dha. Kunuunsa jalqabaa dhiyeessaan nama rakkina fayyaa kee haala walirraa hin citneen siif hordofu, yoo barbaachisaa ta'etti qaama birootti kan si ergu dha.

Kunuunsi jalqabaa tajaajila fayyaa hedduu haammatee jira. Kunis kunuunsa fayyaa ati barbaaddu hunda qabata.